Teessowwan Olka'aa

Teessoon olka'aa maaliinni?

Teessoo olka'aa jechuun teessuma konkolaataa hidhaa/ qabattoo hin qabne jechuu dha. Kunis daa'imi akka ol ka'u kan taasisu ta'ee gudeedni fi gateettiin daa'imaa akka qixa sirriin taa'u taasisa. Teessoo olka'aa daa'imman kan fayyadaman teessoon daa'imaa kan konkolaataa yoo itti xiqatuu, garuu, qabattoo teessoo namoota ga'eessaa fayyadamuuf yoo xiqaa ta'an. Qabattoon teessoo sirriitti hin galiin ykn wal qixxaataa ta'ee hin hidhamiin wayita balaan dhaqqabu daa'ima keessan balaa irraa hin ittisu.

Daa'imti koo kan teessuma alka'aatiif ga'aa ta'u yoomi?

Daa'imti keessan hamma daangaa hojjaa/ dheerina ykn ulfaatina teessoo konkolaatichaaf hayyamame bira hamma gahutti/geessutti (qajeelfama oomishaa hordofaa) daa'ima kana teessoo konkolaataa fuullisaa fuulduraatti garagaluuf qabattoo qabxii-5 qabu keessa kaa'aa. Yoo teessoo konkolaataa fuullisaa fuulduraatti garabalu bira darbani, teessoo olka'aarra taa'anii deemuu ni danda'u. Daa'imti keessan teesso olka'a a fayyadamuun dura yoo xiqaate paawundii 40 ulfaachuu qaba.

Kutaa naannoo Waashingitan keessatti, daa'imman hamma umuriin isaanii waggaa 8, ykn hojjaan isaanii dheerina kophee 4, inchii 9 (Inchii 57) guutanitti akka teessoo olka'aa irra taa'anii deemun seera. Daa'imman umuriin isaanii waggaa 13 gadii yeroo danda'ame teessoo dudduubaarra taa'anii deemu qabu.

Teessoo olka'aa qabattoo gudeedaa-qofa of irraa qabu fayyadamuu danda'aa?

Lakki. Teessowwan olka'aan qabatoo gudeedas gateetis qabaachuu qadu. Kan qabatoo gudeedaa qofa qabu yoomuu hinfayyadamin.

- Yoo teesson duubaa kan giduu jiru qabatoo gudeedaa qofa qabaate, teessoo olka'aa kee teessoo duubaa warra qarqara qabatoon gudeedaf gateeti fayyadamuun danda'amurra ka'aa.
- Teessoo duubaa qabattoo gudeedaa fi gateettii waliin qabu hinqabaanne, teessoo olka'aa teessoo fulduraa qabatoo gudeedaf gateetti qabu fayyadamuu dandeessu. Teessoo fulduraa anga deandeesanitti duubatti dhiibaa. Konkolaataan keessan air bag yoo qabaate cufaa ykn dhaamsaa.

- Isin dirqama qabattoo gudeedaa qofa kan fayyadamtan yoo ta'e, daa'imti keessan teessuma olka'aa osoo hin fayyadamiin qabatoo gudeedaa muundhiirrati gadi butuniifi idhaasaa jabeessudhaan keewwachuu/uffachuutu irra jiraata.

Teessoo olka'aa akkamitu jiru?



Teessoo dudduuba olka'aa hin qabne



Teessoo Dudduuba olka'aa

- **Teessoon Olka'aa dudduuba hin qabne** teessoo dudduubaa irratti konkolaattota keessatti bakka mataa irra boqochiifatan waliin faayidaarra oola. Mataan daa'ima keessanii mataa fi morma isaa utubuuf /deeggaruuf boqochiisa mataa irra haala mijataan yoo hin boqotiin, teessoo dudduubni isaa olka'aa ta'e fayyadamaa.
- **Teessoon Dudduuba Olka'aa** konkolaattota boqochiisa mataa qaban ykn hin qabne keessatti fayyadamuun ni danda'ama.

Caalatti barachuuf

- www.800bucklup.org, 425-828-8975 ykn 800-282-5587
- www.carsafekids.org
- www.safercar.gov
- www.seattlechildrens.org
- Kenna Tajaajila Fayyaa Daa'ima Keessanii

Hoospitaalli Daa'immanii Siyaatil odeeffannoo kanneen wayita gaafataman filmaataan akka argaman ni taasisu. Odeeffannoo Maarkeetiingii/Dhimma Qo'annaa Gabaa lakk: 206-987-5205 bilbilaa.

Barreeffamni kun Hoospitaala Daa'immanii Siyaatilitti hojjettoota kilinikaatiin madaalamee ykn gamaaggamamee jira. Haata'uutii, fedhiin daa'ima keessanii adda dha. Odeeffannoo kana wabattanii wanta tokko raawwachuu ykn deebii kennuun dura, kennaa tajaajila fayyaa daa'immanii keessan wealiin mari'adhaa.

© 2004, 2007, 2010, 2011, 2014 Hospitaala Daa'immanii Siyaatil, Siyaatil, Waashingitan, Mirgi Hunduu Eegamaa dha.

7/14
CE484
(OROMO)